Path of Life

DDAANDII JIREENYAA

Yesus ammas namootatti dubbatee, “Ani ifa biyya lafaa ti, namni ana duuka bu`u jireenyaa in qabaata malee, dukkana keessa hin adeemu” isaaniin jedhe.
Yoh. 8:12

Yesus deebisee, “Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta`e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu” jehde.
Yoh. 14:6

Ati karaa jireenyatti nama geesu na barsiifta, guutummaan gammachuu fuula kee dura, wanti namatti tolus immoo bara hundumaattuu mirga kee jira.
Far. 16:11

Karaan qajeelaa namatti fakkaatu jira, dhumni isaa garuu karaa du`aa ti.
Fak. 14:12

Hafuuri koo wal qaqqabuu dadhabeera, ariifadhuu na jalaa owwaadhu, yaa Waaqayyo! Akka warra boollatti gad bu`anii akkan hin taanetti, fuula kee achi ana irraa hin qabatin! Ani waanan si amanadheef, ganama bariidhaan gaarummaan kee akka anatti dhaga`amu godhi! Lubbuun koo ol gara kee waan yaadduufis, karaa irra adeemuun anaaf ta`u ana beeksisi!
Far. 143:7-8

Dubbiin kee miila kootiif ibsaa dha, daandii koo irrattis in ifa.
Far. 119:105

Sabni lafa irraas baay`atanii in dhufu; Xiyyoon keessaa seerri, Yerusalem keessaas dubbiin Waaqayyoo waan ba` uuf, “Karaa isaa akka inni nu barsiisuuf, nus daandii isaa irra akka adeemnuuf, kottaa gara tulluu mana Qaqayyootti, gara mana Waaqayyoo isa kan Yaaqoobitti ol in baanaa!” in jedhu.
Mik 4:2

Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin! Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif in qajeelcha.
Fak. 3:5-6

Yommus ati nagaadhaan karaa kee irra in adeemta, miilli kees hin gufatu. Yommuu ciiftu hin sodaattu, yommuu raftus hirribni kee miyaa`aa in ta`a.
Fak. 3:23-24

Bible Distributors, Fountain House, Conduit Mews, London SE18 7AP, England

2005 © Oromic